Bulchiinsa Mootummaa Naannoo
Oromiyaatti Biiroo Misooma
Magaalaa fi Manneenii
Oromia Regional Goverment
Urban Development &
Housing Bureau
Finfinnee / Addis Ababa /

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር
የከተማ ልማትና ቤቶች ቢሮ
ፊንፊኔ /አዲስ አበባ/

Lakk.
ቁጥር B-62/520/65

Guyyaa 22/09/16

Bulchiinsa Magaalaa Shaggariitiif
Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutiif
Bulchiinsa Magaalaa Shaashamanneetiif
Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Naqamteetiif
Bulchiinsa Magaalaa Roobeetiif
Bulchiinsa Magaalaa Maayaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Asallaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Mojootiif
Bulchiinsa Magaalaa Ambootiif
Bulchiinsa Magaalaa Holotaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Baatuutiif
Bulchiinsa Magaalaa Walisootiif
Bulchiinsa Magaalaa Sandaafaa Bakkeetiif
Bulchiinsa Magaalaa Aggarootiif
Bulchiinsa Magaalaa Mattuutiif
Bulchiinsa Magaalaa Najjootiif
Bulchiinsa Magaalaa Bulee Hooraatiif
Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisootiif
Bulchiinsa Magaalaa Dodolaatiif
Bulchiinsa Magaalaa Shanootiif
Bulchiinsa Magaalaa Mooyyaleetiif

**Bakka jiranitti**

Dhimmi :- **Qajeelfama Taarifa Gatii Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Irra Deebiin Fooyya'e ilaallata.**

Qajeelfamni taarifa gatii bittaa fi gurgurtaa manaa **lakk.27/2015** qophaa'uun hojirra oolaa jiraachuun isaa beekkamaadha. Haa ta'uu malee haala qabatama jiru irraa ka'ee qorannoo gaggeeffameen fooyya'insa taasisuuf ibsa dabalataa kan barbaachisu ta'uu waan irratti waliigalameef qajeelfamicha irra deebiin fooyyessuun barbaachisaa ta'ee argamee jira.

Kanaafuu qajeelfama taarifa gatii bittaa fi gurgurtaa manaa magaalota naannoo Oromiyaa irra deebiin fooyya'e kan isiniif ergine waan ta'eef, qajeelfama kana keewwata **9 (1,2,3 fi 4)** irratti ibsamee kan jiru bu'uura taarifa gatii bittaa fi gurgurtaa manaa ka'umsaaf mirkanaa'e, isa gad-aanaa yookiin isa olaanaa yookiin giddu galeessummaa isaa fudhachuun haala qabatamaa magaalaa keessaniitiin hanga waxabajjii 15, 2016ti Mana marii magaalaa/Aanaatiif dhiyeessuun mirkaneeffachuun Adoolessa 1, 2016 irraa eegalee akka oolchitan ibsaa, qajeelfama fuula 16 qabu xalayaa gaggeessituu kanaan wal qabsiifnee kan isiniif ergine ta'uu cimsinee isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin

Birhaanuu Baqqalaa Nugusee
I/A/ H/ Biiroo fi I/G Damee
Misooma Magaalaa

**G/G**

- Waajjira Caffee Oromiyaatiif
- Waajjira Kilaastera Magaalaatiif
- Biiroo Galiiwwan Oromiyaatiif
  **Finfinnee**
- Hogganaa Biirootiif
- I/A fi I/G Damee B/Kontiraataatiif
- Daay/B/M/F/Galii Mana Qopheessaatiif
  **BMMMO**

**Lakkoofsa 30/2016**

**Qajeelfama Taarifa Gatii Bittaa fi Gurgurtaa Manneen Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

Sadarkaa guddina magaalota keenyaa irraa ammaa irra gahan akkasumas galiin magaalotaan sassaabamu humna magaalotaa waliin akka walsimu taasisuu fi guddinni isaanii saffisaan akka dabalu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Magaalota keessatti galiin bittaa fi gurgurtaa manneenii iraa sassaabamu karaa iftoomina qabuun sassaaabuu, sirna bulchiinsaa tilmaama gatii gurgurtaa manaa akka walfakkaatu taasisuu, bittaa fi gurgurtaan manaa haala qabatamaa magaalotaan akka walfakkaatuuf hojmaata diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Haalli sassaabbii galii jijjiirraa maqaa bittaa fi gurgurtaa magaalaa magaalaatti garaagarummaa waan qabuuf, istaandardii qopheessuun akka wal simu taasisuu fi gatii ijaarsa manaa kaaremeetira tokkoo yeroo amma jiru fooyyessuun hojimaata hundagaleessa ta'ee fi hojjechiisuu danda'u diriirsuun waan barbaachiseef;

Taarifni gatii bittaa fi gurgurtaa manaa iftoominaa fi haala salphaan hubatamuu akka danda'u hojimaata duraan ture akka fooyya'u taasisuuun barbaachisaa waan ta'eef;

Kaffaltiin jijjiirraa maqaa ijaarsa tajaajila industirii adda addaa akkaataa diizaayinii mirkanaa'ee fi bal'inna qubannaa manaa qabatamaan jiru keessaa isa olaanaa irratti hunda'uun shallaggii isaa murteessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Kanaafuu, bu'uura Labsii Qaama Raawwachiiftuu Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe Labsii **Lak 242/2014 Kewwwata 19/14 fi 73(3)**tiin qajeelfamni kun baheera.

## KUTAA TOKKO

## TUMAALEE WALIIGALAA

**1) Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun'' Qajeelfama **Taarifa Gatii Bittaa fi Gurgurtaa Manneen Magaalota Naannoo Oromiyaa lakk 30/2016** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2) Hiika**

Akkaataan hiika jechichaa, hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti;

1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneen Oromiyaati.

2) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun Magaalaa qaama seerummaan kennameef ta'ee Mana Maree mataa isaa, Mana Maree Bulchiinsaa sadarkaa Magaalaa **Meetirooyipoolisii, Reejiyoopoolisii,** Muummee, Magaalaa Ol'aanaa, Magaalaa giddu Galeessaa fi Magaalaa Guddattuutti hundeeffame jechuu dha.

3) **"Magaalaa''** jechuun magaalaa qaama seerummaa magaalumma kennameef jechuudha

4) **"Mana Maree"** jechuun Magaalotaa rifoormii keessatti akkaataa Labsii lakk. 250/2015 Mana Maree Magaalaa hundeeffame yookiin Magaalota Mana Maree hin hundeeffamneef keessatti mana maree aanaa jechuu dha.

5) **"Tajaajilaa Mana Qopheessaa"** jechuun manneen qopheessaa kaayyoo itti hundeeffaman galmaan gahuuf hojiiwwan tajaajila bulchiinsa magaalaa yookiin Manneen qopheessaa jedhamanii seeraan kennamaniif jechuu dha.

6) **"Taarifa"** jechuun akkaataa qajeelfama kanaan mata duree galii tokkon tokkoon irratti shallaguuf kan oolu jechuu dha.

7) **"Mana"** jechuun mana jireenyaaf yookiin daldalaaf, yookiin kuusaaf yookiin tajaajila bashannanaaf yookiin tajaajila biroo wal fakkaatuuf akka oolu baaxii fi goorroo qabaatee mana ijaarame kamiyyuu jechuu dha

8) **"Qaama Galii Sassaabu"** jechuun Biiroo Galii Oromiyaa fi Caasaa isaa sadarkaan jiran kan dabalatuu dha;

9) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookaan seeraan mirga namummaa kan argatee jechuu dha.

10) **Ijaarsa Omisha Tajaajila Industirii adda addaa** jechuun ijaarsa investimentii lafa bal'aa irraatti gaggeeffamu ta'ee kanneen akka Manufaakcheriingii (Warshaalee) fi investimeentii qonnaa ofi keessatti kan hammatu ta'a.

11) **"Hoteelaa fi Turizimii"** jechuun Hooteela abbaa urjii, Hooteela sadarkaa urjii hin qabne, Reestooraantii, Riizoortii abbaa urjii, Loojii magaalaa, Loojii abbaa urjii, Mana keessuummaa, Peeniisiiyoonii fi Mooteela kan offi keessatti hammateedha.

12) **"Taarifa Mana Jireenyaa"** jechuun taarifa gosa manaa tajaajila mana jireenyaa qofaaf oolu jechuudha.

13) **"Taarifa mana daldalaa"** jechuun, taarifa gosa manaa tajaajila daldala gosa adda addaa fi hawaasummaaf oolu jechuudha.

14) **"Taarifa mana dhoqqee"** jechuun manneen meeshaalee ijaarsaa aadaa naannoo irraa magaalota Meetiroopoolisii, Reejiyoopoolisii, Muummee fi Olaanaa keessatti karaa seera qabeessa ta'een ijaaramanii jiran jechuudha.

**3) Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraa tiin ibsame dubartis ni dabalata.

**4) Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Magaalota naannichaa qaamni seerummaa kennameef kamiyyuu irratti raawwatinsa ni qabaata.

**KUTAA LAMA**

**Qajeeltoowwan bittaa fi gurgurtaa manaa, Haala kaffaltii, Gosa Manaa, Tilmaama gatii**

**5) Qajeetoowwan Bittaa fi Gurgurtaa Manaa**

Bittaa fi gurgurtaan manaa kan gaggeeffamu bitataa fi gurguratаа giddutti ta'ee ulaagaalee armaan gadii qabaachuu qaba.

1. Ragaa guutuu gurgurataan abbaa qabeenyaa ta'uu fi haala teessoo manichaa ibsu,
2. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee jiraachuu;
3. Qabeenyi gurguramu falmii kam irraa iyyuu bilisa kan ta'e ta'uu
4. Ragaa mirkanneessa bal'ina ijaarsi mana irra qubate (Minimum built up area)

**6) Haala kaffaltii taarifa bittaa fi gurgurtaa manaa**

1) Haalli kaffaltii bittaa fi gurgurtaan manaa bitataa fi gurguratаа giddutti raawwatamu haala armaan gadii kan giddugaleessa godhate ta'a

a) Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e garee lamaan gidduu jiraachuun akkuma jirutti ta'ee, gatiin waligaltee dhiyaate kan istaandardii taa'een ol yoo ta'e, inni waligaltee irratti ibsamee jiru kan fudhatamu yeroo ta'u, istaandardii taa'een gadi yoo ta'e immoo inni istaandardii mirkanaa'e kan fudhatamu ta'a;

b) Bitataan jijjiirraa maqaa fi tajaajila kanneen biroo dabalatee kaffaltii akkaataa taarifa mana marii magaalichaatiin murtaa'een kaffaltii barbaachisu akka kaffalu ni taasifama;

c) Bitatas ta'ee gurgurataan bittaa fi gurgurtaa raawwatame keessatti magaalaan kaffaltii barbaachisa ta'e kaffalchiisuu ni danda'a.

d) Ragaa mirkanneessa bal'ina ijaarsa qubannaa manaa (Minimum built up area) inni xiqqaan akkaata istaandaardii taa'een ta'ee, hamma istaandaardii taa'ee oli kan ta'uu yoo ta'ee isaa

qabataman jiruun (actual built up area) irratti hundaa'uun shallaggiin kaffaltii kan raawwatamu ta'a.

e) Sirni shallaggii kaffaltii jijjiirraa maqaa Ijaarsa **Omisha Tajaajila Industirii adda addaa** istaandaardii bal'ina ijaarsa qubannaa manaa (built up area) gabatee keewwata 10 jalatti caqasameen kan hin shallagamne ta'ee, akkaataa diizaayiinii/site plan/ mirkanaa'ee fi bal'ina ijaarsa qubannaa manaa qabatamaan jiru (Actual BAR) keessaa isa olaanaa bu'uura godhachuun kan raawwatamu ta'a.

f) Kan keewwata 6 keewwata 1(e) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, hojimaatni mirkanneessaa diizaayinii (site plan) waajjira lafaa sadarkaan jiruun kan adda bahu yemmuu ta'uu, bal'ina ijaarsa qubannaa manaa qabataman lafarraa jiru (actual built up area) ilaalchisee immoo Abbaa Taayitaa Konistrakishinii sadarkaan jirun erga mirkanna'ee booda waajjiira galii sadarkaan jiruuf barreefaman kan darbu ta'a.

g) Kan keewwata 6 kewwata 1(f) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, bal'ina ijaarsa qubannaa manaa waajjira lafaa fi Abbaa Taayitaa Konistrakishinii mirkanna'ee barreefaman darbee keessaa isa olaanaa fudhachuun waajjirri galii sadarkaan jiruun tilmaama kaffaltii jijjiiraa maqaa kan raawwatu ta'a.

2) Haala shallaggii kaffaltii jijjiiraa maqaa gamoowwanii

a) Ijaarsi gamoowwanii G+0 fi isaa oli ta'an hundi isaanii akkaataa keewwata 9 jalatti ibsameen, gatii taarifa ijaarsa kaare meetira tokkoo qopha qophatti isaaniif kennameen shallaggiin isaanii kan raawwatamu ta'a.

b) Kan keewwata xiqqaa 2(a) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, shallaggiin kaffaltii darbii G+1 yoo ta'e lamaan, G+2 sadiin, G+3 afuriin, G+4 shaniin fi kanneen kanaa olis haaluma kanaan taarifa darbiif kennamee fi istaandaardii bal'ina ijaarsa qubannaa manaa taa'e fayyadamuun kan raawwatamu ta'a.

c) Haala shallaggii kaffaltii **mana Riilisteetii** ilaalchisee; ijaarsi gamoo riilisteetii **G+0** yoo ta'e; akkaataa keewwata 9 keewwata xiqqaa 4 jalatti ibsameen, gatii kaare meetira tokkoo riilisteetiif kenname fayyadamuun shallaggiin isaa kan raawwatamu ta'a.

d) Kan keewwata xiqqaa 2(c) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, Ijaarsi gamoo riilisteetii **G+(abbaa darbii)** yoo ta'e, bal'inna qubannaa manaa **G+0** ida'uu(+) bal'inna qubannaa

manaa G+1 ida'uu(+) bal'inna qubannaa manaa G+2 fi kanneen kanaa olis haaluma kanaan safaramee taarifa taa'e fayyadamuun kan raawwatamuu ta'a.

e) Haalli shallaggii kaffaltii manneen waliinii (Kondominiyeemii) ilaalchisee; istaandaardii bal'ina ijaarsa qubannaa manaa keewwata 10 jalatti ibsame bu'uura kan hin goone ta'ee, bal'ina qubannaa manaa mirkanna'ee ykn (Kaartaa irra) jiru fi taarifa gatii gurgurtaa gosa manaa bu'uura godhachuun darbiif kenname qofa fayyadamuu kan raawwatamu ta'a.

3) Lafa gosa tajaajila tokko irratti gosa ijaarsa manaa adda addaa kan jiraatu yoo ta'e, haalli shallaggii kaffaltii isaanii akka armaan gaditti ta'a;

a) Bal'ina qubannaa gosa ijaarsa manaa qabataman jiru fi gatii taarifa ijaarsa manaa kaare meetira tokko taa'e gosa gosaan addaa baasuun shallagiin kaffaltii kan gaggefamu ta'a.

b) Kan keewwata xiqqaa 2(a) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, ijaarsi manichaa darbii/(floor) kan qabu yoo ta'e, taarifa darbiif kennamee fi qubannaa manaa qabatamaan jiru fayyadamuun baay'inna darbii qabuun kan baayifamu ta'a.

4) Haalli shallaggii kaffaltii jijjiiraa maqaa manneen heyyama ijaarsaa ykn Kaartaa seera qabeessa ta'e qabaatanii sababa "Structural Plan" magaalaatiin gosti tajaajila lafaa (land use) yoo jijjiirame; akkaataa "Structural Plan" magaalaa hojii irraa jiru kan raawwatamu ta'a.

5) Haalli shallaggii kaffaltii jijjiraa maqaa manneen gosa tajaajila wal-makaa (Mixed Use) seera qabeesa ta'an ilaalchisee; akkaataa gosa tajaajilaa manaatiin adda baasuun taarifa gosa tajaajila manaa adda bahee taa'een qopha qophaatti kan raawwatamu ta'a.

6) Haalli shallaggii kaffaltii jijjirraa maqaa manneen ijaarsi dheerina manaa (height regulation) isaanii waliigaltee heyyama ijaarsa mirkanaa'ee gadi ta'an; akkaataa qajeelfama dabarsa manneen ijaarsi isaanii hin xumuramnee bahee hojii irra jiruutiin parsantaa sadarkaa ijaarsa manaa isaa xiqqaa bu'uura godhachuun sadarkaa parsantaa ijaarsa manaa qabataman irra gahee fudhachuun shallaggiin kan gaggeeffamu ta'a.

7) Bittaa fi gurgurtaa manaa keessatti hangi bitataan kaffaltii taarifa jijjiirraa maqaaf kaffaluu qabuu haala armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a.

a) Ashuuraa %4

b) Qaraxa temberaa %2

8) Kan keewwata 6 keewwata xiqqaa 7(a fi b) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, hojmaatni shallaggii kaffaltii gurgurtaan raawwatamu akkaataa qajeelfamaa fi hojimaata Biiroo Galiiwwan Oromiyaatiin baheen kan raawwatamu ta'a.

**7) Gosa Manaa**

Kaffaltiin bittaa fi gurgurtaa manaa irraa sassaabamuu kaaree meetiraan kan murtaa'u ta'ee, gosti manneen kaffaltiin irraa sassaabamuu kanneen armaan gadiiti.

1. Mana jireenyaa,
2. Mana daldalaa,
3. Riilsteetii,
4. Manneen waliin (Condominium)
5. Ijaarsa Omisha Tajaajila Industirii/warshaalee/ mana kuusaa adda addaa
6. Omisha Abaaboo(Green House)

**8) Tilmaama gatii bittaa fi gurgurtaa manaa**

1. Tilmaamni gatii bittaa fi gurgurtaa manaa dhimmoota armaan gadii ofi keessatti kan hammatu ta'a.
   a) Bal'inna iddoo,
   b) Sadarkaa lafaa,
   c) Tilmaama gatii gurgurtaa kaaree meetira tokkoo
   d) Bal'inna ijaarsa qubannaa manaa

## KUTAA SADII

## Taarifaa Gatii Bittaa fi Gurgurtaa Manaa fi Istaandardii "BAR" Bittaa fi Gurgurtaa Manaa

**9) Taarifa Gatii Bittaa fi Gurgurtaa Manaa**

1) Taarifa Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Magaalaa Meetiroopoolisii fi Riijiyoopoolisii

| Taarifa gatii kaare meetira tokkoo magaalota Meetiroopoolisii fi Reejiyoopoolisii | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| G+0 Ykn L-Shape | 1 | 14,578.40 | 15,203.70 | 15,203.70 | 15,803.70 |
| | 2 | 14,410.75 | 15,024.30 | 15,024.30 | 15,617.22 |
| | (3-5) | 14,252.23 | 14,851.52 | 14,851.52 | 15,445.43 |

| Taarifa gatii kaare meetira tokkoo magaalota Meetiroopoolisii fi Reejiyoopoolisii | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| G+1 | 1 | 15,203.70 | 16,230.00 | 16,230.00 | 16,930.00 |
| | 2 | 15,028.86 | 16,038.49 | 16,038.49 | 16,730.23 |
| | (3-5) | 14,856.03 | 15,849.23 | 15,849.23 | 16,532.81 |
| G+2 | 1 | 16,230.00 | 17,856.30 | 17,856.30 | 17,956.30 |
| | 2 | 16,043.36 | 17,650.95 | 17,650.95 | 17,744.42 |
| | (3-5) | 15,866.88 | 17,456.79 | 17,456.79 | 17,389.53 |
| G+3 | 1 | 17,256.30 | 17,597.97 | 17,597.97 | 17,897.97 |
| | 2 | 17,170.02 | 17,390.31 | 17,390.31 | 17,808.48 |
| | (3-5) | 16,981.15 | 17,199.02 | 17,199.02 | 17,612.59 |
| G+4 | 1 | 17,597.97 | 22,495.45 | 22,495.45 | 22,895.45 |
| | 2 | 17,395.59 | 22,230.00 | 22,230.00 | 22,641.31 |
| | (3-5) | 17,204.24 | 21,974.36 | 21,974.36 | 22,638.82 |
| G+5 | 1 | 17,997.97 | 22,495.45 | 22,495.45 | 22,485.45 |
| | 2 | 17,790.99 | 22,225.50 | 22,225.50 | 22,373.02 |
| | (3-5) | 17,595.29 | 21,981.02 | 21,981.02 | 22,126.92 |
| G+6 fi Isaa Oli | 1 | 22,495.45 | 26,996.94 | 26,996.94 | 27,036.94 |
| | 2 | 22,236.75 | 26,686.48 | 26,686.48 | 26,726.02 |
| | (3-5) | 21,992.15 | 26,392.92 | 26,392.92 | 26,432.03 |
| Ijaarsa Omisha Tajaajila Industirii adda addaa fi mana kuusaa | 1 | | | 19,764.81 | 21,099.00 |
| | 2 | | | 18,244.44 | 19,476.00 |
| | (3-5) | | | 15,203.70 | 16,230.00 |
| Omisha Abaaboo(Green house) | 1 | | | 462.69 | 491.71 |
| | 2 | | | 442.57 | 470.33 |
| | (3-5) | | | 402.34 | 427.57 |



Biiroo Misoomaa Magaalaa fi Manneen ... Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

| Taarifa gatii kaare meetira tokkoo magaalota Meetiroopoolisii fi Reejiyoopoolisii | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| Mana Dhoqqee | 1 | 4,047.01 | 6,693.69 | 4,195.53 | 6,939.33 |
| | 2 | 3,871.05 | 6,402.66 | 4,013.11 | 6,637.62 |
| | (3-5) | 3,519.14 | 5,820.60 | 3,648.28 | 6,034.20 |

## 2) Taarifa Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Magaalota Muummee

| Taarifa Gatii Kaare meetira tokkoo Magaalota Muummee | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| G+0 Ykn L-Shape | 1 | 14,378.40 | 14,578.40 | 15,103.70 | 15,203.70 |
| | 2 | 14,208.73 | 14,410.75 | 14,925.48 | 15,024.30 |
| | (3-5) | 14,052.44 | 14,252.23 | 14,761.30 | 14,851.52 |
| G+1 | 1 | 15,003.70 | 15,203.70 | 16,130.00 | 16,230.00 |
| | 2 | 14,826.66 | 15,028.86 | 15,939.67 | 16,038.49 |
| | (3-5) | 14,663.56 | 14,856.03 | 15,764.33 | 15,849.23 |
| G+2 | 1 | 16,000.00 | 16,230.00 | 17,156.30 | 17,856.30 |
| | 2 | 15,811.20 | 16,043.36 | 17,125.42 | 17,650.95 |
| | (3-5) | 15,637.28 | 15,866.88 | 17,039.79 | 17,456.79 |
| G+3 | 1 | 17,006.30 | 17,256.30 | 17,497.97 | 17,597.97 |
| | 2 | 16,805.63 | 17,170.02 | 17,291.49 | 17,390.31 |
| | (3-5) | 16,620.76 | 16,981.15 | 17,101.29 | 17,199.02 |
| G+4 | 1 | 17,397.97 | 17,597.97 | 22,295.45 | 22,495.45 |
| | 2 | 17,192.67 | 17,395.59 | 22,032.36 | 22,230.00 |
| | (3-5) | 17,003.55 | 17,204.24 | 21,790.01 | 21,974.36 |
| G+5 | 1 | 17,739.64 | 17,997.97 | 21,992.93 | 22,495.45 |

| Taarifa Gatii Kaare meetira tokkoo Magaalota Muummee | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa (m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| | 2 | 17,530.31 | 17,790.99 | 21,733.41 | 22,225.50 |
| | (3-5) | 17,337.48 | 17,595.29 | 21,494.35 | 21,981.02 |
| G+6 fi Isaa Oli | 1 | 22,295.45 | 22,495.45 | 23,996.94 | 25,996.94 |
| | 2 | 22,032.36 | 22,236.75 | 23,713.78 | 26,686.48 |
| | (3-5) | 21,790.01 | 21,992.15 | 23,452.92 | 26,392.92 |
| Ijaarsa Omisha Tajaajila Industirii adda addaa fi mana kuusaa | 1 | | | 17,484.26 | 18,664.50 |
| | 2 | | | 16,724.07 | 17,853.00 |
| | (3-5) | | | 15,203.70 | 16,230.00 |
| Omisha Abaaboo( Green House) | 1 | | | 450.62 | 478.88 |
| | 2 | | | 430.50 | 457.50 |
| | (3-5) | | | 402.34 | 427.57 |
| Taarifa Mana Dhoqqee | 1 | 3,941.44 | 6,519.07 | 4,047.01 | 6,693.69 |
| | 2 | 3,765.48 | 6,228.04 | 3,871.05 | 6,402.66 |
| | (3-5) | 3,519.14 | 5,820.60 | 3,519.14 | 5,820.60 |

### 3) Taarifa Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Magaalota Olaanaa

| Taarifa Gatii Kaare meetira tokkoo Magaalota Olaanaa | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa(m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa(m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| G+0 Ykn L-Shape | 1 | 14,278.40 | 14,378.40 | 15,003.70 | 15,103.70 |
| | 2 | 14,105.63 | 14,204.42 | 14,822.16 | 14,925.48 |
| | (3-5) | 13,940.60 | 14,038.23 | 14,648.74 | 14,761.30 |
| G+1 | 1 | 14,733.70 | 15,003.70 | 16,000.00 | 16,130.00 |
| | 2 | 14,555.42 | 14,822.16 | 15,806.40 | 15,939.67 |
| | (3-5) | 14,385.12 | 14,648.74 | 15,621.47 | 15,764.33 |
| G+2 | 1 | 15,930.00 | 16,130.00 | 17,006.30 | 17,156.30 |
| | 2 | 15,737.25 | 15,934.83 | 16,800.52 | 17,125.42 |

| Taarifa Gatii Kaare meetira tokkoo Magaalota Olaanaa | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Manaa | Sadarkaa Lafaa | Mana Jireenyaa | | Mana Daldalaa | |
| | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa(m2) | | Tilmaama Gatii Gurgurtaa(m2) | |
| | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| | (3-5) | 15,553.12 | 15,748.39 | 16,603.96 | 17,039.79 |
| G+3 | 1 | 16,956.30 | 17,156.30 | 17,227.97 | 17,497.97 |
| | 2 | 16,751.13 | 16,948.71 | 17,019.51 | 17,291.49 |
| | (3-5) | 16,555.14 | 16,750.41 | 16,820.38 | 17,101.29 |
| G+4 | 1 | 17,297.97 | 17,797.97 | 22,005.45 | 22,295.45 |
| | 2 | 17,088.66 | 17,582.61 | 21,739.18 | 22,032.36 |
| | (3-5) | 16,888.73 | 17,376.90 | 21,484.84 | 21,790.01 |
| G+5 | 1 | 18,239.64 | 18,539.64 | 21,492.00 | 21,992.93 |
| | 2 | 18,018.94 | 18,315.31 | 21,231.95 | 21,733.41 |
| | (3-5) | 17,808.12 | 18,101.02 | 20,983.53 | 21,494.35 |
| G+6 fi Isaa Oli | 1 | 21,795.45 | 22,295.45 | 23,996.94 | 25,996.94 |
| | 2 | 21,531.73 | 22,025.68 | 23,706.58 | 25,690.18 |
| | (3-5) | 21,279.80 | 21,767.97 | 23,429.21 | 25,407.58 |
| Ijaarsa Omisha Tajaajila Industirii adda addaa fi mana kuusaa | 1 | - | - | 17,028.14 | 18,177.60 |
| | 2 | - | - | 16,267.96 | 17,366.10 |
| | (3-5) | - | - | 15,203.70 | 16,230.00 |
| Abaaboo( Green House) | 1 | - | - | 438.55 | 466.05 |
| | 2 | - | - | 418.43 | 444.67 |
| | (3-5) | - | - | 402.34 | 427.57 |
| Taarifa Mana Dhoqqee | 1 | 3,835.86 | 6,344.45 | 3,941.44 | 6,519.07 |
| | 2 | 3,659.91 | 6,053.42 | 3,765.48 | 6,228.04 |
| | (3-5) | 3,519.14 | 5,820.60 | 3,519.14 | 5,820.60 |

#### 4) Taarifa Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Manneen Waliinii fi Real Estate Magaalota hundaa

| Gosa Manaa | Darbii | Sadarkaa Lafaa | Tilmaama Gatii Gurgurtaa(m2) | |
|---|---|---|---|---|
| | | | *Isaa Xiqqaa* | Isaa Olaanaa |
| 1.Kondoominiyeemii | | | | |
| Suuqii (Lafa irraa) | Lafa Irra | 1 | 17,504.88 | 18,244.44 |
| | | 2 | 16,775.51 | 17,484.26 |
| | | (3-5) | 14,587.40 | 15,203.70 |
| Istiidiyoo | Lafaa fi 1ffaa | 1 | 16,775.51 | 17,484.26 |
| | 2ffaa hanga 4ffaa | 2 | 16,046.14 | 16,724.07 |
| | | (3-5) | 14,587.40 | 15,203.70 |
| | 5ffaa fi isaa oli | | 13,128.66 | 13,683.33 |
| Abbaa Ciisicha Tokkoo(1) | Lafarraa fi 1ffaa | 1 | 16,775.51 | 17,484.26 |
| | 2ffaa hanga 4ffaa | 2 | 16,046.14 | 16,724.07 |
| | | (3-5) | 14,587.40 | 15,203.70 |
| | 5ffaa fi isaa oli | | 13,128.66 | 13,683.33 |
| Abbaa Ciisicha Lamaa(2) | Lafarraa fi 1ffaa | 1 | 16,775.51 | 17,484.26 |
| | 2ffaa hanga 4ffaa | 2 | 16,046.14 | 16,724.07 |
| | | (3-5) | 14,587.40 | 15,203.70 |
| | 5ffaa fi isaa oli | | 13,128.66 | 13,683.33 |
| Abbaa Ciisicha Sadii(3) | Lafarraa fi 1ffaa | 1 | 16,775.51 | 17,484.26 |
| | 2ffaa hanga 4ffaa | 2 | 16,046.14 | 16,724.07 |
| | | (3-5) | 14,587.40 | 15,203.70 |
| | 5ffaa fi isaa oli | | 13,128.66 | 13,683.33 |
| 2. Riilsteetii | | 1 | 31,493.63 | 37,795.72 |
| | | 2 | 30,368. 86 | 36,445.87 |
| | | 3 | 22,495.45 | 26,996.94 |

## 5. Taarifa Bittaa fi Gurgurtaa Manaa Magaaloota Giddugaleessaa, Bulchiinsa Magaalaa Guddattuu, Mana Qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu

| Gatii Ijaarsa manaa Kaaree Meetira Tokkoo(M2/birr) | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gosa manaa ijaarsa manaa | Sadarkaa magaalaa | | | | | | | |
| | Giddugaleessaa | | Guddattuu | | Mana Qopheessaa | | Mana Qopheessaa Guddattuu | |
| | gadi aanaa | olaanaa | gadi aanaa | olaanaa | gadi aanaa | olaanaa | gadi aanaa | olaanaa |
| A/ Mana jireenyaa | | | | | | | | |
| Mana dhoqqee | 3228.57 | 5340 | 2562.77 | 5000 | 967.54 | 3200 | 882.14 | 1146.4 |
| Mana bilokeettii | 5340.57 | 9045.25 | 5000 | 8200 | 3200 | 5000 | 1166.43 | 230 |
| G+1 | 9045.25 | 10,956.13 | 8200 | 9045.25 | 5000 | 8200 | 3200 | 500 |
| G+2 | 10,956.13 | 11,889.78 | 9045.25 | 10,956.13 | 8200 | 9045.25 | 5000 | 820 |
| G+3 | 11,889.78 | 12,911.47 | 10,956.25 | 11,889.78 | 9045.25 | 10,956.13 | 8200 | 9045.2 |
| G+4 fi isaa oli | 12,911.47 | 13,901.69 | 11,889.78 | 12,911.47 | 10956 | 11,889.78 | 9,045.25 | 10,956.1 |
| B/ Mana daldalaa | | | | | | | | |
| Mana dhoqqee | 4035.72 | 6675.00 | 2819.04 | 5500 | 1064.294 | 3520 | 970.354 | 1261.07 |
| Mana bilokeettii | 6675.71 | 9949.78 | 5500.00 | 9020 | 3520 | 5500 | 1283.073 | 253 |
| G+1 | 9045.25 | 11,832.62 | 9020.00 | 9949.775 | 5500 | 9020 | 3520 | 550 |
| G+2 | 10,956.13 | 12,840.96 | 9949.775 | 12,051.743 | 9020 | 9949.775 | 5500 | 902 |
| G+3 | 11,889.78 | 13,944.39 | 11,504.06 | 13,078.758 | 9949.775 | 12,051.743 | 9020 | 9949.77 |
| G+4 | 12,911.47 | 14318.74 | 12,484.26 | 14,202.617 | 12,051.6 | 13,078.758 | 9949.775 | 12,051.74 |
| G+5 fi isaa oli | 13,901.69 | 15,230.70 | 12,911.47 | 13,901.69 | 11,889.78 | 12,911.47 | 10,956.13 | 11,889 |
| M/kuusaa/Warshaa | 9,045.25 | 10,956.13 | 8200.00 | 9045.25 | 5000 | 8200 | 3200 | 500 |

**10) Istaandardii bal'ina ijaarsa qubannaa manaa (Minimum Built up Area Standard)**

Istaandaardii bal'ina qubannaa ijaarsa manaa armaan gaditti caqasame sadarkaa magaaloota hundatti bifa wal-fakkaatuun hojirraa kan oolu ta'a.

| Istaandardi Ijaarsa Qubannaa Manaa (Built Up Area Standard) | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Gosa Tajaajilaa | Ibsa tajaajilootaa | Istaandaardii Qubannaa Manaa (BAR %) Sadarkaa Lafaatiin | | | | |
| | | Sadarkaa Lafaa | | | | |
| | | $1^{ffaa}$ | $2^{ffaa}$ | $3^{ffaa}$ | $4^{ffaa}$ | $5^{ffaa}$ |
| Mana jireenyaa | Mana Jireenyaa | 50 | 40 | 40 | 30 | 30 |
| Mana Daldalaa | Gamoo tajaajila daldalaatiif ijaarame | 80 | 60 | 50 | 40 | 30 |
| | Hooteelaa fi Turiizimii | 50 | 40 | 40 | 30 | 30 |
| Waajjira | Waajjira | 80 | 60 | 50 | 40 | 30 |
| | Galma yaa'ii | 60 | 60 | 50 | 50 | 40 |
| Mana kuusaa | Mana Kuusaa | 70 | 60 | 50 | 40 | 30 |
| Garaajii | Garaajiif | 60 | 60 | 50 | 40 | 30 |
| Hawaasaa | Dhaabbata Barnootaa | 60 | 40 | 30 | 20 | 10 |
| | Dhaabbata Fayyaa fi Kiliniika | 50 | 50 | 30 | 20 | 10 |
| | Mana kitaabaa | 50 | 50 | 30 | 20 | 10 |
| | Galma dhaabbata Amantii fi hawwaasaa | 60 | 60 | 50 | 50 | 40 |
| Artii, ispoortii fi bashannana | Galma agarsiisa filmii fi tiyaatiraa | 25 | 25 | 20 | 20 | 10 |
| | Gaalaarii Artiii | 25 | 25 | 20 | 20 | 10 |
| | Iddoo magariisaa fi bashannanaa , paarkii | 0 | 0 | 0 | 0 | 25 |
| | Istaadiyaamii | 25 | 25 | 20 | 20 | 10 |

# KUTAA AFUR

## Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Qaamolee Adda Addaa

**11) Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa**

Angoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eeggametti ta'ee; Biiroon aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

a) Qajeelfamni kun qaama ilaallatu akka qaqqabu ni taasisa.

b) Magaalotni akkaataa qajeelfama kanaatiinii fi dandeettii isaaniitiin mana marii magaalaa/Aanaa isaaniitti dhiyeeffachuun taarifa bittaa fi gurgurtaa manaa akka mirkaneeffatan ni taasisa, ni hordofa;

c) Magaalotni sadarkaa lafaa yeroo qajeelfamni kun mirkanaa'e irraa eegalee guyyoota 15 (kudha shan) keessatti adda baasuu fi mirkaneessuun hojii irra akka oolchan ni taasisa; ni hordofa, ni to'ata;

d) Qajeelfama kana hojii irra akka oolu ni taasisa, ni hordofa, ni deggera.

e) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan leenjii hubannoo ni kenna.

**12) Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eeggametti ta'ee; Biiroon Galiiwwanii aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

a) Taarifni qophaa'ee akkaataa barbaachisummaa isaatti hojii irra oolaa jiraachuu isaa ni hordofa, tarsiimoo ni qopheessa, galii sassaabamuu qabu akka sassaabamu ni taasisa.

b) Leenjii hubannoo dhimma galii irrattii karaa itti fufinsa qabuun ni kenna, ni qindeessa.

c) Koree bu'aa qabeessummaa dhimma kanaa, ji'a ji'aan hordofuu fi deggaaru ni hundeessa, ni gamaaggamaa, tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.

**13) Biiroo Lafaa Oromiyaa**

Hojii fi ittigaafatamummaan seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; biiroon lafaa hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

a) Masteer pilaanii akka lafa qabatu ni taasisa.

b) Sadarkaa lafaa akkaataa maaster pilaanii lafaa wajjiin wal-simeen akka qoratamu ni taasisa, hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.

**14) Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa**

Hojii fi itti gaafatamummaan Seerota birootiin kennameen akkuma jirutti ta'ee, Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:



Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa
Mana Galmee
Oromia Urban Development and Housing Bureau

a) Istaandaardii manneen magaalotaa ni qopheessa, hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.
b) Istaandardiin ijaarsi manaa irra qubachuu qabutiin "minimum built up area"hojiirra ooluu isaa ni hordofa,ni mirkaneessa.
c) Istaandardii ijaarsa manaa irratti ogeessotaa fi qaama dhimmi ilaaluuf leenjii hubannoo ni kenna.
d) Taarifa gatii ijaarsa manneenii waggaa lama(2) lamaan(2)'n qorachuudhaa yaada ka'umsaa biiroof ni dhiyeessa, yeroo mirkanaa'u hojii irra akka oolu ni taasisa.
e) Dheerina gamoo (height regulation) magaalaa keessatti ijaaramuu qabuu ilaalchisee akkaataa bu'uura sadarkaa lafaa mirkaanaa'een akka hojii irra oolu ni taasisa.

**15) Instiitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa**

Inistiitiyuutiin Pilaanii Magaalotaa gaheen hojii seerota biroon kennameef akkuma jirutti ta'ee hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

a) Ijaarsi raawwatame akkaataa pilaaniitiin kan raawwatame ta'uu isaa ni hordofa, tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
b) Karoora itti fayyadama Lafaa irratti hundaa'uun gosa itti fayyadama lafaa (land use) adda ni baasa,hojii irra oolmaa isaa ni hordofa;
c) Leenjii hubannoo itti fayadama pilaanii irratti qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna.
d) Pilanii haadhoo (master plan) magaaloota akkaataa guddina magaalotaa boruu isaanii mirkaneessuu danda'uun qorachuun hojiirraa akka oolu ni taasiisa, ni hordofa, ni deggara.

**16) Bulchiinsa Magaalotaa**

Hojii fi Ittigaafatamummaan seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee; Bulchiinsi Magaalaa hojii fi ittigaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

a) Manni qopheessaa istaandaardii tilmaama gatii bittaa fi gurgurtaa manneen kaare meetira tokkoo isa xiqqaa fi olaanaa sadarkaa naannootti mirkanaa'e bu'uura godhachuudhaan magaalonni Meetiriyoopoolisii, Reejiyoopoolisii, Muummee fi Olaanaan akkaataa qajeelfama kanaa keeyyata 9 (1,2,3 fi 4 )tiin akkasumas magaalootni kanaan ala jiran immoo akkaataa keewwata 9(5) tiin mana maree sadarkaan jirutti dhiyeessuun akka mirkanaa'uu ni taasisa, yeroo mirkanaa'u hojii irra ni oolcha,
b) Waajjirri lafaa ijaarsa seeraan alaa adda baasuun qulqulleessee qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

c) Wajjirri lafaa Sadarkaa lafaa qorachuun daangaa yeroo qajeelfama kana keewwata 11(3) keessatti ibsamee jiruutiin mana mariif dhiyeessuun akka mirkaa'u ni taasisa, yeroo mirkanaa'u hojirra ni oolcha;

d) Waajjirri Galii akkaataa taarifa haaraa mirkanna'en sirna hordoffii, to'annoo fi bu'aa qabeessummaa sassaabbii galii ni mirkaneessa.

**Tumaalee Adda Addaa**

**17) Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa qajeelfaman kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

**18) Aangoo Qajeelfma fooyyessuu/ haquu/ jijjiiruu**

Biiroon qorannoo irratti hundaa'uun kana haquu yookiin fooyyeessuu yookiin jijjiiruu ni danda'a.

**19) Seerota haqamanii fi Raawwatiinsa Hin qabaanne**

1) Qajeelfamni taarifa gatii bittaa fi gurgurtaa manneen magaalota naannoo Oromiyaa lakk 27/2015 qajeelfama kanaan haqamee jira

2) Qajeelfamni yookiin baarmaatiileen dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammatamaniin walfaallessan kamiyyuu raawwatiinsa hin qabaatan.

**20) Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun guyyaa 22/09/2016 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Oromiyaa/Finfinnee

Bara 2016

**Mohammad Guyyee Araarsoo**

**Hogganaa Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa**